

Kantiibaa Durkaan waa'ee suphaa riqicha lixa Siyaatil sadarkaa xumuraa irraa gahaa waan jiruf gamadan, magalaattii walakkaa bara 2022 riqicha deebisanii banuudhaaf karaa irraa buusan

Kantiibaa Mayor Jenny A. Durkan fii gareen Qajeelcha Geejjibaa Siyaatil (SDOT) eegaltii sadarkaa xumuraa suphaa riqicha lixa Siyaatil akkasumas humna guutuun bara dhufu banamuuf karoofamuuf ayyaneffatan. [Viidiyoon ibsi kora kanaa sududa irratti argama.](#)

"Bitootessa bara 2020 irraa eegalee, magaalaa teenna rakkoowwan tanaan dura hinbeekkamnee argatee jirti, cufamiinsa riqicha lixa Siyaatil dabalatee. Dalagaan riqicha tasgabeesuuf barbaachisa eega dalagameen booda dizaayini addaa suphaa qophaye, Qajeelcha Geejjibaa Siyaatil (SDOT) dalagaa xumura suphaa riqicha lixa Siyaatil eegalaa jira. Sababaa dalagaa Qajeelcha Geejjibaa Siyaatil (SDOT), xumurri mul'ataa jira riqicha ji'oota dhufaa jiran keessa deebisanii banuuf. Kun jiraatota keennaaf, namoota dalagaa dhaqaa galaniif, akkasumas daldalaaf boqannaa harawa akkuma nuti dadafiidhaan dalagnee lixa Siyaatil naannoo guddaadhan wal qunnamsiisnu," jedhan kantibaan Durkaan.

Qajeelcha Geejjibaa Siyaatil (SDOT) eega riqichi lixa Siyaatil Bitootessa 2020 cufamee kaassee ciminaan suphuuf hojjachaa jira. Magaalan dalagaa sadarkaa duraa kan suphaan tasgabeesu bara 2020 keessaa xumurte, akkasumas sana irraa eegale dizaayinii riqicha suphuudhaa xumurteee akkasumas koontraktara dandeeti addaa qabuus akka dalagaa kan xumuruuf filattee jirti. Amma, hojjatootni konstirakshinii gara riqicha lixa Siyaatil itti deebi'u hojii sadarkaa xumuraa dalagaa duursaa kan ta'e suphaa riqichaa akkasumas akka bara dhufu deebi'ee banamu godhuuf. Qajeelcha Geejjibaa Siyaatil (SDOT) dabalataan laastikii fi kirrii kaarbooni kan karaa [Spoken St Swing Bridge](#) itti maramu akka baqaqa duraan jiru guutuf akkasumas riqicha irraa caalatti jajjabeessuf.

[Dalagaa xumuraa suphaa](#) wantootni inni dabalatu:

- Eddoo baqaqetii laasitkaan waraanudhaan baqaqa cufuufii akkasumas dandii dhurka.
- Riqicha jajjabeesuuf qaama ijaarsaa kaarboon faaybariin kan Poliimariin jajjabaate maaruudha akka yeroo lafeen cabete hidhanitti.

Dabalataan haada sibiila jajjabaa tahe haada duubbee walitti maxxansa (post tensioning) jedhamu riqicha guutuu keessa dhaabu. Haadawwan kun bilookeetii jajjabeessaa akka dhaaba ijaarssaatti.

SDOT fii kontiraaktarii ijaarsa ishii Kraemer North America sagantaa ijaarssaa kan walakkaa bara 2022 suphaawwan xumuruuf irratti walii galanii jiru, waan rakkoowwan ammatti hin mul'anne kan sababaa qilleensaa hamaa, rakkiinna dhiyeessinnaa meeshalee, hanqinnaa dalaydootaa, yookan rakkoowwan hin argaman jedhamanii hin yaadamneen bulfatan male. Akkuma Kraemer suphawwan xumureen aanee, SDOT jajjabinnaa fii dandeettii riqichaa qorata odoo debisee

sosochii konkolaataaf hin banin. Akkuma dalagaan gara fuula duraa deemuun guyyaa deebi'ee banamu addaan baasuudhaan akkasumas dalagawwan hawaasaa tan ittiin ayyanneffattan isiniif qoonna.

Sagantaan dalagaa suphaa kun dalagaa akkaa malee guddaadha kan haada sibiilaa toonii 91 Riqicha Lixa Siyaatil itti daballudha kan walii galattii addaan diriirsanii jedhan maayila 46 taha bakka irraa ka'u irraa hanga bakka dhumaatti. Akkasumas magaallattiin qixa dirree kubbaa miilaa 2 ol ta'u haada karboonii kan poolymaarii dhaan jajjabeeffame, ammas dalagaa laafaa faan 10,000 olkaasuun karaa miilaan irraa deeman kan faana 1300 dheeratu moggaa riqichaati dalagudha.

Yeroo ijaarsaa, irraa hedduun dalagaa riqicha keessaatti waan ta'eef alaa hin mul'atu. Dhiibbaan xiqqoon ijaarsa kana irraa argamu, darbee darbee riqichi halkan keessa xiqqoo cufamu, dhiibbaan parkii riqicha jalaa jiraachu, akkasumas akkuma dalagaan itti fufuun wantoonni dhiibbaa gabaa qaban argamuudha.

Waqtaawaa tahi waa'ee dhiibbaa sosochii konkolaataa fii bu'uraa dalagaa ijaarsaa keenna karaa SDOT [blog](#), [webpage](#), [imeelii torbaaniin waan harawaan dhufuun](#) akkasuma karaa sabqunnamtii hawaasaatiin. Adeemsa dalagaa ijaarsaa kana keessatii hawaasni waan deemaa jiru akkaa odeffanno akka argatuuf SDOT fotoowwan akkasumas viidiyoowwan qooda.